ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT جبهة تحرير اوروموا

Muddee 28, 2009

Hardhas ABOn wabii Tokkummaa,Walabummaa fi Bilisummaa Oromooti!

Dhaamsa Waggaa Haarawaa fi Ayyaana Guyyaa WBO

Ummanni keenya guyyaa humna gabronfattuu Abashaa jalatti kufee jalqabee guyyaa takkas diinaan wal dura dhaabbachurraa haara galfatee hin beeku. Wareegama qaalis itti baasaa as gahe, ammas itti jira. Akkuma irra deddeebi'amee yeroo hedduu ibsamaa ture, Oromoon Abbummaa biyyaa fi Bilisummaa isaa gonfachuu hin dandeenne. Hardhas Oromiyaan saamicha dorgomaa hin qabneen weerartuu murna bicuu Wayyaanee fi saamtota affeerraa Wayyaaneen biyyoota gara gararaa itti duulaniin afaan ilmaan isii jalaa fudhatamee deebifamee ittiin ajjeesurra darbee lafaa fi laga summeessuun akka dhaloonni Oromoo boruu dhaala dhabee jijjiirama qilleensaa fi summiin lafarraa haxaawamu itti murteffamee jira.

Hardhas kun jabaatee kan itti fuufe ta'us Oromiyaa maqaan turte lafarratti hagamuu cicciramtuu fi garaa isii keessatti hagamuu gudunfaan itti heddummatus hardha beekamuu dandeettee jirti. Afaan Oromoo wareegama ilmaan Oromoo qaqqaaliin hardha ija diinaa jalatti Afaan barnootaa ta'ee mataa bowwoo wayyaanotaa fi warroota Oromoo arguu hin barbaannetti ta'ee jira. Biqiltuun Qubee, ijoolleen Oromoo, hardha Gootota dheebuu Bilisummaa Saba isaanii guutuuf seenaan dirqamni irra jiru hujiin muldhisurra gahanii jiru. Hardha bu'aaleen argaman kun Bilisummaa Saba keennaa boruuf hagam akka dhakaa bu'uuraa ta'an yoo yaadannu kabaja wareegantoota gootota qabsoo Oromoo fi hoogganoota, Misensota, Deeggartoota, Ummata Oromoo fi firoota QBOf kabajaa fi galata qabnu ibsuun, nu warra hardha jirruuf dirqama duwwaa osoo hin taane galfata bara baraan tiksinuu fi itti boonnuudha.

Dhaamsa Waggaa Haarawaa fi Ayyaana Guyyaa WBO

Haga irraa hafe galii xumuraan gahuufis boqannaa hin qabnu. Akkuma marti keenna yaadannu guyyaan hardhaa waggaa haarawa duwwaa osoo hin taane guyyaa WBO ti. Amajjiin 1 guyyaa WBO marfama diinaa keessaa bahuun qabsoo Bilisummaa sabaa dhabama irraa hambiseedha. Gootichi WBO, Miseensonni ABO marti ,Deeggaratoonnii fi walumaa gala Ummanni Oromoo baga Guyyaa kabajamaa kanaa fi Waggaa haarawaan isin gahe jedha. Qabsoon marfamaa fi gaaga'ama hedduu keessa qaxamurtee as geette tun waggoota kana mara akka yaadamee fi hawwametti shaffisuu hanqachuun isii haqaa fi kan Oromoo mara yaaddesse tahuu waan dhokataa miti. Wareegama kafalamee fi galma xumuraa gahuu hanqachuu keennaaf sababoonni hedduu kan tuqaman yoo ta'es isaan gurguddoon Hoogganni, Miseensii, Deeggaraan, Ummanni, Diinaa fi Firri beeku jajjabboon ni jiru.

Isaani;-

a/Hooggana Yaada warraaqaa qabatee Qabsawotaa fi Humnoota qabsoo sassaabu dhabuudha.

b/Jaarmaya Cimaa fi Ititaa dhabuu

c/Tarsimoo qabsoo hin daddaandhee fi Diinonnii fi Humnoonni QBO akka jabaatu hin barbaanne hirdhina keenna kana sadarkaa ol aanutti itti dhimma bahuun isaanii isaan ijoodha.

Hubannoota kanneen irraa kaanee waggoottan as aanan kana obsaa karaa malee fi maltu nagahee keessaa bahuun akka qaama furmaataa tahuu qabnu of amansiifamee dhaaba keessatti sochiin haaromsaa sadarkaa maratti akka godhamuu qabu dhiiburraa haga tarkaanfii sirreessaatti deemamee jira. QBO keessa suphaa fi guduunfaan hedduun qaamota adda addaan tolfamanii fi ilaalcha duubatti haftummaan kan laayyotti harca'an yoo hin fakkaannes hardha sadarkaa abdii QBO tti horutti raawwatamee jira. Wareegama tarkaanfii kanaaf baafameen hardha Oromoon karaa Tokkummaa Qabsawota Oromoo fiduuf qabanne kana malee karaan biroo Oromoo biratti Qilee tahuu hubatamee warroota hafaniifis akka gamana deebi'uun dirqii ta'a dhufee jira. Qillisaan falfaltuun bakka takka takkarraa farriftu yoo jiraattes Sagaleen isii akka bultuun duudaa akka dhabamtu mamiin takkas hin jirtu. Hardha Ilmaan Oromoo Sabboonoo fi Maqaa dhaabaa fi Gurmuuwwaniin Qabsorra turan walii birmachuun shakkiin 'waa jijjiiruu hin dandeennu' jedhu moraa QBO keessaa Onkololeessa 31/2009 haxawanii jiru. Sabni keenna tokkummaa qaba .Tokkummaan inni hawwaa ture tokkummaa qabsaawotaa ti. Kun amma dhugoomuu jalqabee jira. 'Dhaaba keenyaa fi nu qofatuu sirriidha' yaanni jedhu bakka dhabaa dhufee jira. Ummanni daangaa malee dhimma qabsoo isaa irratti hirmaachuu

jalqabuun guddina QBO irra gahe muldhisa. Kana dura bifa kamiinuu dhaabachuu yaaluun dinummaa malee hikkaa biro qabaachuu hin danda'u. Oromoon yeroo kamuu ol walii fi of abdachuun furmaata kophaa rakkoo isaa akka ta'e baratee jira.

Bu'aalee tattaaffii kanaan muldhatan akkuma jalqabarratti tuquu yaalle, Hooggana yaada tokko qabuu fi warraaqaan wal argachuu jalqabee jira. Dandeettii fi humna namaa faffa'ca'e gaaddisa ABO jalatti marraa duraaf walitti qabuun danda'amee jira. Tarkanfii kanaan adda faffagaachuun qabsawotaa dogoggora mooraa QBO keessaa dhalataniin akka ta'e ifatti muldhisee jira. Lammaffaan ABO dhaaba jabaa fi Ititaa ta'aa dhufuu duwwaa osoo hin taane kan rakkoo ofii wareegama kamuu, haala kamuu keessatti kafaluun of haaromsu tahuu muldhisee jira. Humnoota yaada ummataan faallaa ta'an akka ummata duratti saaxilaman golgaa isaa irraa kaasee jira. ABOn jaarmaya qabsawonni akeeka dhugaa Oromoof dhaabbatan qofti keessa jiraachuu danda'an ta'ee jira. Tarsimoo Siyaasaa Hidhannoo kan daddaaqama hin qabnee fi ummataan hujirra ooluu danda'u baasuun danda'amee jira. Tarsimoon Siyaasaa hidhannoo keenya muuxannoo qabsoo dabarsinee, fedha ummata keenyaa guuttamuu qabu, humnaa fi dandeettii keennaa fi ummata keennaa, fedha diinaa fi dandeetii diinaa, hidhata diinni addunyaa fi olloota waliin qabu, fedha biyyoota addunyaa guddatanii fi olloota naannoo kanarratti qabanii fi muldhisaa jiran, akkasumas jijijjiiromsa Siyaasa Addunyaa fi itti baha ta'uu maluu fi kanneen biroo ilaalcha keessa kan galcheedha. Hujiileen yaada gurguddaa kanneen irraa maddan sadarkaa sadarkaa fi akkuma halaa fi lafaatti kan huji irra ooluuf tolan baafamanii jiru. Jecha gabaabaan ABOn akka of keessaa bahee diinarratti fuulleffatu haal duree gurguddaa fixachuu keenna miseensaa fi Ummata akkasumas deeggaraa qabsoo maraaf ibsuu barbaada. Hujiin kun namootaa fi humnoota qabsoo Oromoo jireenya godhachuuf hulaa fi ganda kamuu keessa riphaniif aduun akkasii akka dhiite dhaamuufii barbaadna.

Haalli Hujii kana keessatti hojjachaa jirru hedduu ulfaataa tahuun isaa waan halamuu miti. Addunyaan keessa jirru tan dhugaan humnaan wajjiin malee keessatti dhugoomuu rakkisaa itti tateedha. Kanas ta'ee biyyooni guddatan akkuma humna isaanii qabeenya dheedhii/raw material barbaachaaf naannoo jireenya keennaa bolqutti jiru. Fedha kana karaa nagayaa fi humnaan wal bira raawwachutti jiru. Madaalli firummaa isaanii nama ykn mootummaa fedha isaanii gutuuf argachuu qofa. Akkuma agarru warroonni kanaan ala bahan dhibbaa isaan irra gahaa jiru argutti jirra. Mootummoonni akka Wayyaanee humna bicuu Tigraay haala dhalate kana keessatti bifti isiin hirmaachaa jirtuu fi turtes kabajaa fi qabeenya ummata Oromoo fi ummattoota biyyattii dhibii dabarsanii kennuun isaan jalaan saamicha dinagdee hammeenyaa

geggeessuu fi humna horii fi gargaarsa siyaasaa isaan kanarraa argatuun ummata ukkaamsanii bituudha. Dorgommiin mootummaa Wayyaanee fi sadarkaa Wayyaanee naannawa kanaa itti jiran irra caalaa ergamaa amanamaa tahuudha. Fedha ofii fi warra ergamanii guutuuf jecha guyyaa guyyatti yakka seenaa keessatti dhiifama hin qabne ummataa fi biyyarratti dalagaa jiru. Kun diddaa ummataa akka dhalchaa jiru jireenya guyyaa guyyatti agarruudha. Ajjeefamuu, hidhamuu, saamamuu, salphachuu fi biyya abbaa ofii irraa buqifamuu fi biyyaa bahuun haala ulfaataa Wayyaaneen ummata keenna mudateedha. Ummata keennaa jala sararree kan himuufii barbaannu haalli amma muldhate kun tortoruu keessa moottummaa Wayyaanee fi daddaffiin of ijaarree humna tahuu akka qabnu kan nu gaafatu tahuu isaa ti.

Asirratti Yaadota hubannoota addaa barbaachisan hagoo tuttuquu barbaanna. Isaanis haala diinaa xiqqessanii ykn guddisanii tilmamuu fi murtii dogoggorarra gahuu hin feesisu.

Wayyaaneen carraalee jiranitti of jijjiiraa dhimma itti bahuu yoo yaaltu muldhatti. Sochiin isii kun humna ummata bicuu Tigraay keessaa baatee, saamtee baqachuuf humna murteeffatte, warroota isii waliin jiran irraa na balleessu sodaa jedhuun humna hirriba hin qabne waan taateef, walumaa gala humna ilaalcha gad antummaa mallattoo isii ta’e tahurraa sodaa horatteen tarkaanfii gara jabeennaa kanarraa maddu fudhatti. Humni isiin qabdu diinagdee, humna tikaa fi waraanaa, caasaa mootummaa isiin dhabbatte fi gargaarsa yeroo humnoota itti irkateeti. Humni guddaa baduu fi jiraachuu mootummaa tokkoo murteessu , Ummata, wajjiin duuddaa fi garaa taatee jirti. Eegaa ummataan jibbamuun qofti ‘Mootummaan kun kufaa jira’ jechuu miti. Ummanni jibbu kun hagam ijaaramee humnatti of jijjiiree jira? jennee of gaafachuu qabna. Ummata Wayyaane duwwaa osoo hin taane humnoonni burjaajessan heddudha. Kanneen akka adda baafatee hubatu gochuun hujii fardii biroo ti.

Diinni akka dafee kufu hawwuun hujii tartiiba isaan hojjachuu keessatti akka yaada namaa hin facaafne eggachuun qabxii biroo ti. Hujiilee sharafamanii tarsimoo Siyaasa Hidhannoo ittiin dhugoomsuuf bahan akkuma tolfamanitti haalaa fi bakkaan waliin osoo ijoo isaa hin hambifnee fi hin sharafne hujirra oolchaa deemuu qabna. Karaa mararraa waan tatta’u duuka bu’aa xiyyeeffannaan hujii bu’uraa irra tahuun murtessaadha. Wantoota yaada namaa akka harkisan ta’e jedhamee diinaa fi humnoota firooma diinaa qabaniin odeeffaman irraa fagaachuu feesisa. Guyyaa hundaa an maal qabsoof gumaachaa jira? jedhanii of gaafachuu aadeffachuu barbaachisa. Qabsoon sabaa fi warraaqsaa wal jala deemuu barbaaddi.

Xumura dhaamsi carraa kanaan dabarfachuu barbaannu:

Dhaamsa Waggaa Haarawaa fi Ayyaana Guyyaa WBO

1) Hooggana ABO

Hoogganni ABO warraaqaan akkuma murannoon gurmuu qabsawota Oromoof daandii saaqee, kana keessaays hooggana warraaqaa, dhaaba jabaa fi ititaa, tasimoo qabsoo ifaa fi karoora injifannotti nu geessu qamashee baase, hujirra oolma isaafis sagalee takkaan wal jala deemee, rakkoolee kana giddutti mudatan bilchinaan furaa, akka hin mudannes fagotti tlmaamuun fala lafa kaayee mataa mataa fi akka qaamaattis dirqama dhaabaan itti kenname akka hara galfii tokkoon maletti miseensaa fi deeggaraa isa jala jiru hoogganee hawwii saba keennaa guutu hubachiisa.

Akkasumas fageenyaa fi haala wal qunamtii daran rakkisaa ta'e keessatti kan hojjatu tahuu hubachuun wal hubannaa fi wal amntaan irra caalaa ammoo dhaamsa gabaabaan akka hojjachuu aadeffachiisu dhaama. Addatti hoogganooni biyya keessaa hujii dhaabaa irra jirtan dhiibbaa diinaa fi jireenya ulfaataa keessatti hujii hojjattan akka kutannoon keessaa baatan abdiin qabu guddaadha.

2) WBO

WBO bakka mara jiru guyyaa kana haala addaan kabajata. Bakka hundatti guyyaa waadaa itti haaronfannuudha. Ulfinni dhiibbaa diinaa fi jireenyaa osoo si hin daangessin dirqama ummata kee ijaaruu, hidhachisuu fi humna godhuu karoora dhaaba keetii irratti of utubii hojjadhu. Qabsoon bu'aa bahii akka qabduu fi qabsaawaan haqaa kana hunda keessa akka darbee galma xumuraa gahu seenaa qabsoo ummatootaa irraa barachaa hojjadhu. Ummata kee keessa waan jirtuuf ummata akka sosona siif tahutti qabadhu. Waan ummanni jibbu jibbi, kan inni jaalatu jaaladhu, aadaa fi hooda sabaa kabaji, sirnaa fi seera hawaasni itti bulu kabaji, ummata keef mararfannoo guddaa qabaadhuuf. Haga humni kee danda'e gargaarurraa of hin qusatin. Gochoota fokkatoo diinaa qindessii akka diina isaa baree hadheeffatu hojjadhu. Olola farrenii fi gantoonni facaasaniif gurra hin kenin. Warroonni qabsoorraa abdii hin qabne guyyaa mara ayyaan laallatummaa keessa jiraatu. Asii fi achi godanaa oolu. Kanaaf bakka qabaachuu hin qabdu. Galgala bilisummaatuu gantuun jirachuu maltii hubadhu. Qabsoon sabaa ofirratti amntaa feetii hubadhu.

Dhaamsa Waggaa Haarawaa fi Ayyaana Guyyaa WBO

3) Miseensaa fi Deeggaraan ABO

Miseensaa fi deeggaraan ABO gutumatti bakka jirtutti dirqama kee akka nam takkottis ta'ee gareetti guyyaa guyyaan baadhadhu. Ijjannaan kee yeroo mara tarsimoo Siyaasa hidhannoo dhugoomsuuf guyyatti dirqama ati bahuu qabdu baadhachaa jirachurra haa ta'u.

4) Ummata Oromoof

Ummanni Oromoo martuu bakka jiru hundatti yaada eebifamaa ABO bifa haarawaan milkeessuuf itti jiru kana hubattee Ilmaan isaa bakka hundatti jireenya, uffata, gurraa fi ija, akkasumas humnaa fi bosona akka ta'uuf dhaamsa kiyya dabarfadha.

Dhaaboliin, gurmuulee fi namoonni gurmuu qabsawotaa ijaarametti makamuu fi haasawaa fi marii irra waliin jirru shaffisaan fixachuun akka qabsoo ummata keessaniif humna taatan waamicha keenya haaromsina.

5) Jaallan mana hidha jiran

Dararaa fi gaaga'amni diinaan isin irra gahaa jiru kan hameenyaa fi dinummaa Oromummaa qabanirraa kan madduudha. Hedduun keessan midhaa qor-qalbii fi qaamaa keessa akka jirtan Oromoon ni hubata. Gootota isaa kanas kabajaa fi jaalala qabaachurra darbee akeeka isin dararaa kana itti mudattaniif galmaan gahuuf halkaniif guyyaa hojjata. Oromoon marri maatii gootota kanaa karaa danda'een gargaaruun akka maatiin hin facaane akka godhu dhaamna.

6) Gootota Dargaggoo Oromoo

Dargaggoon Oromoo, dhiraa fi shamarran, murna weerartuu bicuu Wayyaaneen lubbutti wal qabaa jirachuun gochaa boonsaa guyyaa guyyaan argaa jirruudha. Wareegamni baasaa jirtanis onnachiisaa fi kan abdii ol aanaa nutti horeedha. Dura dhaabbannaan faffaca'e miidhama kan geessuu waan tahuuf warri qabsoo hoogganu miidhaa gootota kanaa karaa salphisuun duursa ijaarsa oowwaa fi jibbaansa irraa fagaate akka qabaattan gochuu qabna. Manneen barnootaa ol aanoo kaasee haga mana barnootaa sadarkaa durratti caasaa horachuun akka hoogganaa fi qajeelfama takkaan yeroo takkatti bakka maratti waan wal fakkaataa fi wal tindhisu hojjachuu nama dandeesisutti ijaaramaa jenna. Barattoonni martii mana barnootaa keessa duwwaa osoo hin taane maatii keessanii fi hiriyoota akasumas ibiddaa fi aanaa keessan ijaaruu hujii guddaa akka godhattan dhaamna. Yoo akkas gootan wareegama salphisaa ija diinaa dhamsaa, humna ummataa baldhaa qabsorraa qooda fudhachiisuu dandeettan.

Dhaamsa Waggaa Haarawaa fi Ayyaana Guyyaa WBO

7) Hayyoota Oromoo

Hayyoonni Oromoo akkuma rakkoo Oromoo guca bilisummaa qabatanii muldhisaa turan hardhas barumsa yeroon gaafattu sabaaf kennuu qabdu. Barumsa amma dargaggootaa fi shamarran walumaa gala saba keennaaf barbaachisu, malaa fi haala Oromoon diina kana ofirraa kuffisuu itti danda'u onnachisanii akka daran diina isaanirratti jibbaansa horatan gochuu tahuu qaba. Oromoo osoo hin baranne isin barsiise saamamaa fi biyyarraa buqqaafamaa jiru akkuma ija keessaniin agartan laakkobsa darbee jira. Kana carraa argattaniin hawaasa addunyaatti beesisuu fi tumsa isin irraa barbaadurrattis gumaacha gara keessanii akka baatan dhaamna.

8) Qabaataa Oromoo

Qabeenyi Oromoo samtotaan fudhatamee deebi'ee meeshaa bilisummaa Oromoo ittiin ukkaamsan tahutti jira. Qabaataan Oromoo haala ulfaataa keessattii qabeenya horaterratti shakkamuu fi doorsifamuun akkasumas saamtota xixiqqoo qe'ee keessaa irraa jalqabee haga gurguddoottii akka harkaa fudhatamaa jiru dhaabni keennaa fi ummanni Oromoo ni beeka. Rakkoon kun akka sabaatti gabrummaa jala jiraachuu keennarraa kan madduudha. Calleensii, riphuu fi sodaan hidhamuu, ajjeeffamuu, saamamuu fi Oromummaan yakkamurraa isin hin hambifne. Boru qabeenya Oromoo irratti fayyadamaa akka taatuuf dabales nagayaan biyya keessa jiraattee qabeenyaa fi ilmaan itti guddifattu argachuuf hardha QBO keessatti karaa qabeenyaan gaaddisa sodaa jalaa baatee ugguu akka jalqabdu dhaamsa qabsoo siif goona.

9) Qotee bulaa Oromoo

Qotee bulaan Oromoo hardha lafa isaa summii xaahoon, oomisha ilillii fi warsharraa bahuun badiin ol aanaan saamtota sirna Wayyaanee fi humnoota alaan irra geeffamaa jiru haga darbee jira. Lafa Oromiyaa oomisha midhaaniif ta'an babaldhaa dureessota biyya ambaatti gurguraa jiru, turanis. Oromoon ammo lafa dhiphaa naannoo qe'ee isaa jirtu qofa haga abbaa sadihii wal dhiibee nyachaa jira. Qiqqircamuun lafaa kun omishtummaa lafaa balleessuun akka beelaaf saaxilamu godhee jira. Haguma irraa argatu sanuu gibira humna isaa olii fi gatii xaa'oo baasuu dadhabee beeylada itti gurgurachaa jira. Kana booda harka qullatti hafuun jireenya barbaada gara magaalaa fi biyya ambaa deema jedhee jiraataa kararraa fi galaana keessatti irbaata qurxummii ta'aa jiraachuun isaa diraamaa guyyaa guyyaa ti .Biyya abbaa isaa inni bifa kanaan itti roorrifamee irraa buqqaafame dureeyyiin wayyaanee fi humnoonni alaa Wayyaaneen

affeeraman irraa fudhatanii jiru. Kun saba Oromoo akka sabaatti balleessuuf imaammata Wayyaaneen baafattee itti hajjataa jirtuudha. Qotee bulaan Oromoo dhabamiinsi kun marti kan dhufeef Waaqni itti dallanee osoo hin taane diinummaa fi gara jabeenya diina isa dhuunfatee, Wwayyaanerraa, tahuu takkas shakkuu hin qabu. Dhabama akkanaa kana jalaa bahuuf falli isaa sirna wareertuu biyya keennarraa yeroo xumuraaf haxaahuuf qabsoo ABOn hoogganamtu jalatti gurmaahuun qooda sirraa eeggamu bahuuni jenna. Badiyyaa Oromiyaa maratti carraalee hawaasa gara garaatti dhimma bahuun ijaarami jenna.

10) Hojjataa Motummaa fi Dafqaan Bulaa Oromoo

Mootummaan Wayyaanee hardha gochoota fokkatoo uumama isii irraa tufamtee kophaa dhaabbachuu dirqamtee jirti. Hameenya kana hunda kan raawachiifachuuf dhama'aa jirtu caasaa mootumma kanaani. Oromoon caasaa kana keessa jiru harka guddaan akka fedha ummata Oromoo deeggaruu ni beekna. Deeggarurra darbee dirqama sabummaa kan bahachaa jiranis hedduudha. Wayyaaneen maqaa filannoo fi misoomaan umrii hafte sobaan jiraachuu fi humna waraanaan of jirachisutti jirti. Kanaaf ilmaan Oromoo caasaa kamuu keessa jirtan bakkuma jirtanitti wal ijaaruun akka qabsoo saba keessanii shafisiiftan dhaamna. ABO yeroo kamuu ol rakkoo keessa isaa furatee humna haarawaan qabsoo Oromoo hoogganuuf akka of qopheesse isinii ibsuu barbaanna.

11) Mangudootiin Oromoo fi Abbootiin Amantaa Oromoo

Maangudoonnii fi abbootiin amntaa Oromoo bakka hambaan sabboonummaa fi seenaan Oromoo itti kuufameedha. Darbaa dabarsaan seenaan isin Oromoof dhamaa turtan hardha dhaloota keessaniin sadarkaa duubatti hin deebinetti jabaatee jira. Isin barsiiftota tokkummaa sabaa fi Oromummaa ti. Diinni kana hubachuun akka xiyyeeffannaa isaa isini irrattis gara galfate Oromoon martuu ni hubata. Kun waanuma diinarraa eeggamuudha. Ammas dhaloonni kan isin irraa eegu carraa argattanitti dhimma bahuun dargaggoonni Oromoo akka Bilisummaa fi Biyya isaa walaboomsuuf falmatu onnachiisuudha.

Xumura baqataan Oromoo roorroo biyyarraa si baafte Wayyaanee dhabamsisuun akka harka baatu siif himuu hin barbaachisu. Biyyoota keessa jirtuttis roorroo fi hameenyi gara garaa akka Wayyaanee fi ergamtoota isaaniin sirra gahu argaa jirra. Dhaammannaan keenna duursa akka hawaasa Oromoo tokkotti wal qabadhu, wal dhagayi. Humnoota shiraa irraa of eegi. Caasaa dhaabaa bakka hunda jiru keessa galuun dirqama lammummaa keetii bahi.

Dhaamsa Waggaa Haarawaa fi Ayyaana Guyyaa WBO

Dabalataan, jaallan demsa sochii qabsoo kanarraa hubannoo dhabiinsaanis ta'ee bifa gara garaan akka maletti hubachuun ykn hubachifamuun faallaa fedha ummata keessanii dhaabbatanis ta'ee of moggeesitan ykn moggefamtanii turtan ABO/dhaaba keessanii yoomiyyuu itti deebi'uuf balbalti banaa tahuu isin hubachiisuu barbaada.

Gadaan Gadaa Tokkummaa, Bilisummaa fi Walabummaa ti!

Kamaal Galchuu, DDKY ABO

Mudde 28, 2009